# QAACCESSA YOOMESSA ASOOSAMA DHEERAA IYYAAF IYYATA

**KENNASAA KAASAHUN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR AARTII AFAAN OROMOO,OOG BARRUU FI FOKILORII GAMIISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIIMII FI QUNNAMTII,**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA, 2013/2021**

**FINFINNEE**

# GALATA

Hunda dura bu'aa ba'ii jireenyaa keessa na dabarsee Sadarkaa kanaan kan na gahee hojii koo kana hojjedhe akkan xumuuruuf kan na gargare Waqayyoon nan galateeffadha;Haaleeluyyaa! Itti aansuun akkaataa qorannoo geggessuu keessatti nuffee osoo hin jedhiin irra deddeebiin kan na sirreessanii fi karaa na qabsiisan kurii Baayisaa (PHD)tiif galanni koo guddadha.Xumura irrattis Abbaa koo fi Haadha koo akkasumaas Obboleessa koo Lammeessaa Immiruu jalqabaa kaasanii hanga dhumaatti wantoota na barbachiisaan naf guutuun milkaa'ina qorannoo kootiif deegarsaa baajeta naaf godhaan guddaan galateeffadha.

baafata fuula

galata…………………………………………………………………… .....................I

Boqonnaa tokko: seensa……………………………………………………………….....1

1.1Seenduubee Qorannichaa……………………………………………………….........1

1.2.ka'umsa Qorannichaa………………………………………………… .....................2

1.3.kaayyoo Qorannichaa…………………………………………………………….......3

1.3.1. kaayyoo gooroo…………………………………………………………….......3

1.3.2.kaayyoo gooree………………………………………..………………… ......3

1.4 Barbaachisummaa qorannichaa…………………..…………………..………… .......3

1.5.Daangaa qorannichaa……………………………………………………… ..............4

1.6. hanqina qorannichaa………………………….………………………………… ......4

1.7.saxaxa Qorannichaa……………………………..…………………..………… ......5

1.7.1.madda raga………………………………………………………..……… ...........5

1.7.2.mala iddattoof iddatteessuu…………………..………………………..………,............5

1.7.2.1mala iddattoo………………………………………………..…………………........5

1..7.2.2.mala iddatteessuu……………………………………...…………… .......5

1.7.3.mala funaansaa ragaalee……………………..………… .....................6

1.7.4.mala qaaccessa ragaalee………………………………………….....................6

Boqonnaa lama: sakatta'a barruu…………………………………………….…….............7

2.1.maalummaa oog barruu……………………………………… .....................7

2.2.gosoota oog barruu……………………………………………...…………......8

2.3.faayidaa oog barruu…………………………………………………......................8

2.4.maalummaa asoosammaa……………………………………………......................9

2.5.gosoota asoosamaa…………………………………..……..……................9

2.5.1.asoosama gabaabaa…………………………..……………………..............9

2.5,2.asoosama dheeraa……………………………………………………...............9.

2.6.caacculee asoosamaa…………………………………………..……..…................10

2.6.1.jaargocha…………………………………….…………………............10

2.6.2 namfakkii…………………………………….………………. ...............10

2.6.3.wal diddaa……………………………………..………………..................10

2.6.4.ergaa…………………………………..……………..…………………..........10

2.6.5.ija………………………………………………………………....................10

2.6.6.yoomessa………………………………………………………….............11

2.7.haalota yoomessi ittiin mul.atan…………………………………….....................12

2.7.1yeroo seenaan sun itti raawwate………………………………….....................12

2.7.2.bakka seenaan sun itti raawwate……………………………………..............12

2.7.3.haala jireenya hawasaa……………………………………..…..............12

Boqonnaa Sadii: Odeeffannoo Qaaccessuuf hiikuu…………………………..................13

3.1.seenaa gabaabaa  asoosama iyyaaf iyyata……………………………….................13

3.2.yoomessa bakkaan mul'atan……………………………….…………...............13

3.2.2. yoomessa yeroon mul.atan…………………………..…………………........25

3..2.3.yoomessa haala jireenya hawaasaan mul.atan …………………………………........29

3.3. gochoota yoomessa asoosama dheeraa iyyaafi iyyata keessatti raawwata………… ....30

3.4.faayidaa yoomessi dubbisaaf qabu……………………………………………..............30

Boqonnaa Afur: cuunfaa,Argannoofi yaboo……………………………… .....................31

4.1.cuunfaa ………………………………………………………… .....................32

4.2.Argannoo …………………………………………………………….....................32

4.3.Yaboo…………………………………………………………………….................32

Wabiilee……………………………………………………………………………

# BOQONNAA TOKKO: SENSA

## 1.1. Ariirrata  Qorannichaa

Dhalli nama jiruuf jireenya kan mata isaa qaba. halaa jruuf jireenya kanas kan ittin ibsaatu ogbarruudhani. ogbarruun dabarsaa beekumsa sadarkaa adda addaa irra jiru kan qabudha. yaada kana irratti Asaffaa(2009)akka ibsuutti "ogarruun dabarsa aadaa ummatatti galmee jiruuf ilma nama kan ta'e, kan namooni hubbannoo,beekumsaa fi sadarkaa adda adda qabudha" jedha.

Akka yaada olii kanaatti ogbarruun kan muxxannoo jiruuf jireenyaa hubbannoo fi beekumsaa labata itti anuuf dabarsaaniidha. Ogbarruun gosa sadii qaba. Isaanis dirama,walaloo fi asoosamadha.goorroowwan ogbarruu kanneen keessaa asoosamni kan barreessaan ofii isattin wan hawaasa keessatti mul'atan bifa barreeffamaan kalaqee kan dhiyeessudha.

Yaada kanas Misgaanuu (2012:15) irratti yammuu ibsuu "asoosmni akkakuu ogbarruu barreessan tokko gochalee addunyaa dhugaa keessaa jiraachuu danda'an ka'umsa godhatee akka hubbannoo fi ilalcha dandeetti barreessan kalaqaa isaattin qindeessuudha" jedha. Kanaa jechuu immoo barreessan asoosama tokko yeroo barreessuu namoota addunyaa kana irra jirratan irratti hunda'ee ilalchaa fi hubbannoo ofii isa qabu itti dabaluun kalaqee kan barreessuudha. Asoosamni tokko ruqilee yookaan caaccuulee adda adda irra ijarrama caccuuleen asoosama immoo asoosama tokkotti warra lubbu horanii fi asoosama akka asoosama ta'u warra tasiisanidha. Cacculeen asoosama kunneen immoo jaargocha, nam fakkii, waldiddaa, haala itti fayyadamaa afaanii, ija, kallatti seenneffama, erga fi yoomessadha.

Caccuulee asoosama keesssa yoomessi tokko yoo ta'uu innis jecha lama irraa kan ummameedha. Fedheesaa(2013) akka ibsuutti "jechii kun walitti dhufeenya jechoota lama yoomii fi eessa  jedhurra umamee" jedhee ibsa. yoomessi kunis yeroo, bakka fi haala hawaassumma  seenaan tokko keessatti rawwaatte kan agarsiisuudha. kanaa jechuun immoo gochii rawwatame tokko yeroo akkamii akka rawwatee, bara, ji'a, guyyaa, ganama fi galgala. yeroo akkamii akka rawwate, wanti rawwate kun immoo bakka akkamitti akka rawwate fi haala akkamii keessatti akka rawwate kan agarsiisuudha.

Yaada kanaa Misgannuu (2012:19) yammuu ibsuu "seenaan asoosama tokko essatti akka dalagamee fi qoodattoonni asooosamicha eessatti akka argama, essaa akka jirataan, seenaan isaanii essatti akka jalqabanii essatti akka xumuuraan agarsiisuun, baadiyya yoo ta'e badiyyumma, maggala yoo ta'e amala magalumma agarsiisuu dand'uun asoosamichi dhugumma akka qabatuu qoodattonni asoosamicha keessatti argamu bakka bu'oota namoota lubbuun addunyaa kana keessaa jiraatanii agarsiisa"jedha

Oog barruun oogummaa waa uumuu ykn kalaquu ta'ee yeroo dheeraaaf kan ture daawwitii jiruufi jireenya hawaasaa keessatti calaqqisiifamuudha.muuxannoo hawaasi keenya qabu karaalee barreeffamaan faayyessinee dubbistoota mala mullachuu danda'uun mala argaa yaadaan karaa ittiin dhiyeessinuudha. Yaada kana kan cimsu malakneh(1991:1)Akka jedhanitti hiikni oog barruu bal'aadha. Dabalatees kan namaan wal quunnamsiisu miira addaa addaa kan ibsuufi yaadaafi ilaalcha nama biraa kan himeefi oogummaa keenya kan ittiin mullisnuudha.jedha;Qabxii ijoo kanarraa wanti hubannu oog barruun ibsituu muuxannoofi mudannoo dhalli namaa jireenya isaa keessatti keessa tare/darbe/kan nutti agarsiisu ta'uu isaati.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorattonni garagaraa caccuulee asoosama adda adda irratti geggessanii jiru. hojiilee qorranichaan waliin wal fakkataan hojjetamanii jiran kanneen akka waldiddaa asoosama dheeraa Hambaa Du'aa jedhurratti bara (2010) A.L.I qorataan Ascannaqii Xilahuun jedhamuun hojetameera. xiyyeeffannoon qorataa kanaa waldiddaa asoosamicha qacceessuudha. itti ansuun erga asoosama dheeraa Dhoksaa Jireenyaa jedhuu irratti bara (2009) qorataan Xaahir Taajuun jedhamuun geggeeffamera. xiyyeeffannoon isaa erga asoosamicha qacceessuudha. qorannoowwan hedduun kitabiilee asoosama hedduurratti hojjetamanii jiru. hanga ammatti garuu yoomessa asoosama dheeraa Iyyaaf ayyataa jedhurratti qorannoon geggeffamee hin jiru. kanaaf mata duree kanaa akkan filadhuuf kan na kakkasee hanga ammatti yoomessa asoosama dheeraa Iyyaaf iyyata jedhu irratti qoranoon hin geggeffamne waan taa'eefi.kanaaf caccuulee asoosama keessa yoomessa isaa qacceessuun qawwa gamaa kanaan mul'atu guutuuf na kakkasee. qorannoon kun kan inni qorannoo biroon wal fakkatuu caccuulee asoosama qacceessuudhani. garagarumma isaa immoo caccuulee asoosama keessa yoomessa irraatti xiyyeeffachudhaani.

Asoosama barreeffamu tokko keessatti fakkaattiifi yoomessi baayyee barbaachisaadha.fakkaattonni asoosamaa ammo taatota\nam fakkaattota ta’anii seenicha keessatti nama bakka bu’uudhaan kan taphataniidha.

Gaffiilee bu'uura qorannoo kanaa:

- Yoomessi asoosama dheeraa Iyyaaf iyyata akkamiin mul'ata?
- Gochoonni Asoosama dheeraa Iyyaaf iyyata yoomessa attamii keessatti raawwataman?
- Faayidaa yomeessi duubiisaaf qabu maalii?

## 1.3 Kaayyoo Qorannoo

Kaayyoo qorannoo lamatu jira. Isaanis

Kaayyoo goorroo fi kaayyoo gooree jedhama.

### 1.3.1 kaayyoo gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qacceessa yoomessa asoosama dheeraa Iyyaaf iyyataa keessatti mul'ataan qacceessuudha.

### 1.3.2 Kaayyoo gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

- Akkataa yoomeessi itti mul'ataan ibsuu
- Yoomessa gochooni asoosama dheeraa Iyyaaf iyyata keessatti rawwataman ibsuu
- Faayidaa yomeessi duubiisaaf qabuu ibsuu

## 1.4 Barbachisumma Qorannichaa

Qorannoon kun namoota qorannoo kana fakkatuu barbadaniif akka wabiitti yookaan maddatti ni gargara. akkasumas namoota asoosama barreessaniif haala asoosamni ittin barreeffamu bakka yookaan haala asoosamni ittin barreeffamuu, akkamitti midhagee erga barbadee akka dabrsuutti, yeroo sanan fi haala isaa wal simsisaani akka barreessanif muxxannoo nama nidabala.

Kana malees ;

~ rakkoolee mul'ataniif furmaata kenna

~waa'ee asoosama iyyaaf iyyataa akka hubannu nu gargaara.

~guddina afaanichaa saffisiisa..fi kan kana fakkaataniidha.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoo tokkof daangaan waan murteessadha.qorrannoon daangaa hin qabnee qorannoo guutuu ta'uu dhiisuu danda'a. kanaafuu qorannoon kun kan inni dangeeffame qacceessa yoomessa asoosama dheeraa Iyyaaf uyyata irrattidha..sababni qorannoon kun dageeffameefis caccuulee asoosamicha baay'ee waan ta'aanif altokkon qorachuun ulfata sababa ta'eefi dha.

## 1.6 Haqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo geggeessuu keessatti hanqinaaleen garagaraa qorataa tokko nimudatu.haaluma kanaan adeemsa qorannoo kanaa geggessuu keessatti haqinoonni qorataa kana mudatan keessa tokko hanqina yerootti yeroon qorannoon kun gaggeeffame yookaan hojjetame yeroo barnoota keessa waan ta'ef gama kanaan haqinichi qoraticha mudachuu danda'era. haa ta'u malee qoratichi yeroo boqonnaa isaatti gargaraame rakkoo kanaa keessa darbeera. Haqinni inni biraan immoo haqina meeshaalee barreessuuf oolan dhabuuti.fakkeenyaaf qorannoo kana barreessuuf kompiteera dhabuun qoratichaa mudateera.Haa ta'u malee namoota kompiteera qaban birratti kaffaltiidhaan barreessuudhaan barreessiseera.kana malees hojiilee hojjetamu tokko tokko keessatti hanqinni mul'achuu danda'a.anis gama kootiin qorannoo kana keessatti hanqina haala yeroo ammaatiin, dhukkubni koroonaa faffaca,ee uummata addunyaarra jiran

waan darareef sodaa  kanaan raafamaa waan hojjetameef yoomessa qofa irratti daanga,uun isaa akka hanqinaatti qorannoo kana keessatti kaafama.

## 1.7 Saxaxa qorannichaa

Qorannoon kun kan kan irratii gaggeeffame caacculee asoosamaa keessaa yoomessa asoosama dheeraa iyyaaf iyyata sakatta'uun dhiyeessuu irratti kan xiyyeeffatuudha.malli qorannoon kun ittiin gaggeeffame mala qorannoo akkamtaati.

### 1.7.1 madda ragaa

Gosa qorannoo kanaaf madda raga jalqabaa kan ta'e sakkatta,a dookimentiiti.innis kitaaba asoosamaa iyyaaf iyyata kan oliyad waqgaarii Tarfaatiin bara 2021 A.L Atti qophaa,e maxxansa 1ffaa ta,ee firiiwwan yoomessa asoosamaa irratti kan bu'uureffateedha. Maddi raga 2ffaa immoo barreeffamoota garaa garaa kan waaa,ee yoomessaa ilaallataniidha.

### 1.7.2  Mala iddattoof iddatteessuu

#### 1.7.2.1 mala iddattoo

Iddattoon qorannoo kanaa kitaaba asoosama dheeraa iyyaaf iyyata wantoota qorannoon kun irratti gaggeeffame kan bakka bu,eedha caacculee asoosamichaa keessaa immoo yoomessa irratti kan xiyyeeffateedha.

#### 1.7.2.2 mala iddatteessuu

Malli iddatteessuu qorataan qorannoo kanaa fayyadame mala iddatteessuu mit carraa keessaa mala akkayyootti dhimma baheera.sababni isaa qorataan kun asoosamicha keessaa bakka odeeffannoo qorannichaaf barbaachisan argachuuf danda,amu itti yaadee kan filateedha.

### 1.7.3 Mala funaansa ragaalee

Tooftaan ragaaleekoo inni guddaan sanadoota garaa garaa kanneen akka mata dureekoo waliin wal qabatan dubbisuudhaani.akkasumas yaadannoo gaggabaabaa ta'an funaanuudhaan barreeffachuufi mala dubbisuu garaa garaatti fayyadamuun xiinxala gadi fagoo taasisuu danda'eera. Kana malees qorannoo ragaan kun itti sassaabame cheeklistii yookaan mirkaneeffannaa qopheeffachuun dubbisa yaadannoo qabaachuudhaani

### 1.4 mala qaaccessa ragaalee

Qorannoo kana gaggeessuuf qorataan qorannoo kanaa kitaaba asoosamaa dheeraa iyyaaf iyyata irra deddeebi'ee dubbisuun yoomessa seenaan,asoosamichaa keessatti raawwataman akkaataa tartiiba kaayyoo qabatameetiin akkasumas haala duraa duuba yoomessa asoosamichaa tiin haala ifa ta'een qaaccesseera.

# BOQONNAA LAMA : SAKKATTA'A BARRUU

Qabxii boqonnaa kana keessatti ilaalame inni guddaan akkuma maqaa isaa irraa hubachuun danda’amutti iddoo(bakka)barruu garaa garaa kanneen mata duree q waliin hidhata qaban yookaan yaada hayyoonni garaa garaa kennaa turan sakatta’uun bakka itti qindaa’uun dhiyaatuudha.kunis waa’ee yoomessaa madda eeruun bal’nanibsama jechuudha.

## 2.1 Maalumma og barruu

Ogbarruun ogummaa waa uumuu ta'ee kan muxxannoo jiruuf jireenya haqaa irratti bu'uureessinuu fi akka namaf galuu danda'uuti midhagsiinee kan ittin ibsiinuudha. Fedhessa (2013) akka ibsuutti "Oromoon haawasaa afoolawaadha"jedha. Kunis jiruuf jireenya isaa ogbarruun dabarsaa dhufe osoo hin taanee afaaniin dhaloota dhalootatti dabarsaa dhufe jechuudha. kanaa jechuun immoo oromoon ogbarruu hin qabu jechuu miti.yaadni isaa akka biraa barreeffamee hin jiru jechuudha malee.

Fedhessa (2013) akka ibsuutti, "ogbarruu qabachuun dirqama barreeffaman wal hin qabatu. sababni isaa amma dandeetti kalaqaa mul'isuutti afoolli ogbarruudha" jedhe ibsa. kana jechuun immoo afoollis ogbarruu keessatti hammatama jechuudha. Asafaa(2009) "ogbarruun kalaqa sammuu nama ta'ee jechoota filaatamoodhan yaada barbadee afaaniinis ta'ee barreeffaman mi'eesse midhagsee dhalootaf dabarsaa"jedha.kana jechuun immoo waan barreeffamus waan afaaniin himamuus ni dabalata jechuudha. kanaafuu ogbarruu oromoo afoola fi barreeffama ni hammata jechuudha. ogbarruun kalaqa samuu ilma ta'ee ogumma fi dandeetti aadaa, duudhaa, falasama, haala jiruuf jireenya hawasa gadda, gammachuu hawasaa keessa jiru kan ittin hawasaaf dhiyeeffamudha. Misgannuu (2012) yaada kanaa yoo ibsuu "ogbarruun bu'aa ba'ii hawasni tokko keessa darbee galmeesse ka'aa" jedha. Maalimmaa oog barruu ilaalchisee hiika garaa garaatu hayyotaan kennamaa ture sababani garaa garummaa kanaa immoo namoonni oog barruuf hiika kennaa turan akka yaada isaaniitti hiikuufi oog Barruu addunyaa kanaa hunda akka kan isaaniitti ilaalanii hiika itti laachuu isaanii irraa kan maddeedha.fedhasaa(2019:irratti yammuu ibsu,hayyoonni warra lixaa hiika oog barruu irratti ilaalcha addaa addaa qabu turan.ilaalcha isaanii kana irraa ka’uunnis hiika wal hin fakkaanne oog barruuf kennan hiikni isaan kennan garuu qeeqa jalaa bahuu hin dandeenye.yaada kanarraa kan nuti hubannu hiikni warri lixaa oog

barruuf kennan kun garaa garummaa kan qabu ta’uu isaarraa hubanna.kana malees warri lixaa oog barruu akka kan isaanii qofaatti ilaalu oog barruu wanta barreeffamaan jiru bakka buusaa turan kun immoo gara afriikaatti yoo dhufne hanqina kan qabu ta’uu isaati.sabni warra awuroophaa wanta hunda barreessanii kaa’u.gara afrikaatti yoo dhufne immoo wantoonni hedduun bifa afoolaatiin jiru malee barreeffamaan hin jiran.oogbarruun waa’ee namaa ta’ee mootummaaf kan dhiyaatudha oog barruun waa’ee namaa ta’uu isaa hayyoonni dirreewwan qorannoo addaa addaa keessatti argaman oog barruuf hiika kallattii addaa addaa akka kennan isaan taasiseera.hayyuleen oog barruu mataa mataa isaaniitiin akka isaaniif mijatetti hiika kennaa kan turaniidha.kana jechuun hayyoonni yaada walii fudhachuuf qophii ta,uu dhabuun wal qabata.

## 2.2 Gosoota ogarruu

Bifa ittin dhiyatan irratti hunda'uun ogbarruun bakka gurgudda lamatti qodaama isaanis ogbarruu barreeffama fI ogbarruu afoolatti. Ogbarruun barreeffama waraqarratti bifa barreeffaman dhiyaata. ogbarruun afoola immoo himamsaa afaaniin dhaloota dhalootatti kan darbuudha.Fedhesaa (2013)

## 2.3 Faayidaa ogbarruu

Ogbarruun faayidaa guddaa qaba. kunis safuu hawaasa, enyummaa,jalalaa hawaasa tokko eeguu fi barsiisuuf shooraa guddaa qaba. Asaffaa(2009) akka ibseetti "ogbarruun ba'aa ba'ii jiruuf jireenya hawaasni tokko keessa darbee fI keessa darbaa jiruu galmeesse ka'uudhan dhaloota dhalootti kan daddarbuudha .yaada kana fedhasaan yoo ibsu (2019:27) yoo ibsu

> *Oog barruun faayidaa dhala namaatiif kenna.kanneen keessaa muraasni:*
> *Sammuu gabbisuu,ija banachiisuu,bashannansiisaa barsiisuu,eenyummaa*
> *Hubachiisuu,bal’isanii akka yaadan gochuu,oonnachiisuuci aadaa ofii*
> *Hubachiisuu,duudhaa hawaasaa dhaloota hubachiisuu,seenaa duraanii*
> *As fiduun jiruu haraa qajeelchuufi kana kana fakkaataniif gargaaruu*
> *Danda’a.*

Kanaafuu oog barruun gahee guddaa hawaasa addunyaa mara irra jiraataniif gumaacha kenna jechuudha. Nammi oog barruu dubbisu tokko jireenyaa isaatiif murteessaa akka ta,e oog barruu

irraa dhamdhamanii akka hubannu nu godha. Addunyaan amma keessa jiraachaa jirru kun waggota hedduu dura kana osoo hin taane haalli isheen itti jirtu teknaloojiin kan guddate miti .kun ammo sababni isaa kitaabileen garaa garaa jiraachuu dhabuu booddetti waan isaan hanbiseef ammaa immoo hamma tokko kitaabileen afaan addaatiin waan jiraniif hawaasni gara qaroomaatti akka dhufan oog barruun nuuf gumaacheera.

**2.4 Malummaa Asoosmaa**

Asoosamni hojii kalaqaa ta'ee muxxannoo hawaasa keessa jiru hawaasichumaaf deebisee kan dhiyeessuudha. Fedhesaa (2013) akkaibsuutti "asoosamni argaa yaada barreessan kalaqamee suura jiruuf jireenya dhala nama addunya keessatti kaasee kan mul'isuudha" jedha. kanaa jechuun immoo taatee hawaasa keessa jiru barbaduun, namfakkii isaa malee abbasaa dhugummaan kan hin arginee, garuu gochaan asoosamaa sanaa keessatti rawwatee dhugaa jiruu kan wal fakkatuu jechuudha.asoosamni seenaa hawaasa keessa jiru bifa gaarii ta,een kan ibsu miidhaginaafii foolii itti horee kan kaa,uudha.misgaanuu (2012) Asoosamni kan gochoota haala jireenya hawaasummaa keessatti namoonni raawwataman qeequuf sirreessuuf karaa gaariidha.yaada kanarraa kan hubatamu asoosamni waan addunyaa kana irratii raawwatamu yoo sirrii ta’e kan jajjabeessuufi dogongora dhala namaa qeequuf kan sirreessu akka ta,etu hubatama kanaafuu karaa gaarii ta’een asoosamni qeequuf gocha filatamaadha.

**2.5 Gosoota Asosamaa**

Asoosamaa qabiyyee isaa irratti hundoofnee bakka gurgudda lamatti qoodna. isaaanis asoosama dheeraa fi gababaa jedhamu.

**2.5.1 Asoosama gabaabaa**

Asoosamni gabaabaan damee ogbarruu ammayyaa ta'ee dhimmoota hawaasa keessatti rawwatanii fi rawwatamuus danda'aan barreessaan kalaqaamee yeroo gabaabaa keessatti duubbifamee kan xumuramuudha.asoosamni kun erga qeenxee irratti kan xiyyeeffattuu fi seenaan isaas yeroo murta'ee fi bakka murta'ee keessatti kan rawwatuudha.

### 2.5.2 Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan damee ogbarruu keessaa tokko ta'ee bu'aa ba'ii jiruuf jireenya dhala namaa jalqabaa kaasee hanga dhumaatti haala qabatamaa ta'een kan ibsuudha. Yaada kana Wasaneen (2008) akka ibsutti"asoosamni dheeraan gosa ogbarruu keessaa tokko ta'ee dhalootaa hanga du'aatti haalli jiruuf jireenya hawwaasaa kan keessatti mullatuudha" jedha.

## 2.6 Caacculee Asoosamaa

Caacculeen asoosama tokkoof utubaa ta'uun akka asoosamichi humna cimaaf tokkummaa qabaatee gara fuulduraatti deemu kan taasisuudha. Caacculeen asoosamaa lubbuu asoosamichaati jechuudha. Caacculeen asoosamaa kunneenis:-jaargocha, namfakkii, waldiddaa, ergaa, ijaa fi yoomessa.

### 2.6.1 Jaargocha

Jaargochi gochoonni walduraa duubaan walitti hidhatanii qindaa'uun sababaafi bu'aa walitti hidhuun ta'iinsa gochootaa kan agarsiisuudha. Yaada kanaan walqabsiisee Fedhasaan(2013) yoo ibsu "jaargochi haala seenaa asoosama tokkoo sababaafi bu'aan walqabatee tooraan ijaaramuufi ijaarsa gochootaati."jedhe.

### 2.6.2 Nam fakkii

Nam fakkiin hojii kalaqaa keessatti kan seenaa sochoosu, kan gocha raawwatuu fi gochi irratti raawwatuudha. Namfakkiin addunyaa kalaqaa keessatti qooda fudhatee kan qabatamaa gocha addunyaa dhugaa keessatti namoonni raawwataniifi dalagan seenaa kalaqaa keessatti qooda fudhatanii kan dhiyeessaniidha.

### 2.6.3 Waldiddaa

Waldiddaan caacculee asoosamaa keessaa kan seenaa garafuulduaatti akka tarkaanfatu yookaan baballatu waldiddaan seenaa asoosamaa keessatti walitti bu'iinsa namfakkiilee gidduutti uumamumuudha. Fedhasaaan (2013) akka ibsutti"waldiddaan walfalmii yookaan walmormii alaafi keessa namfakii guddaa fi xiqqatti kan uumamuudha" jedha.

### 2.6.4 Ergaa

Ergaan seenaa asoosamaa keessatti dhimma guddaa dhiyaatu keessaa isa tokkoodha. Ergaan dhaamsa walii galaa kan barreessaan namoota dubbisaniif dabarsuudha. Misgaanuun (2012) akka ibsutti "ergaa guddaan asoosamaa xiyyeeffannoo ergaawwan biroo ta'ee, kan jiraachuun isaa ifa bahee beekamu yookaan dhoksaan dhimmoota birootiin marfamee achi keessa kaa'amee dubbisaan kankeessaa baasuudha" jedha.

### 2.6.5 Ija

Iji asoosamaa kan barreessaan kalaqamu ta'ee adeemsa seenaan ittiin seeneffamu kan agarsiisuudha. Kana malees iji asoosamaa haala barreessaan waa'ee qooddattootaa, gochaalee raawwatamta'iinsa garaagaraa dubbistootatti akka ibsaman gochuun kan dhiyeessuudha.

### 2.6.6 Yoomessa

Yoomessi yeroo, bakkaa fi haala hawwasummaa seenaan tokko keessatti raawwate kan agarsiisuudha. Kana jechuun immoo gochi raawwatame tokko yeroo akkamii akka raawwate bara, ji'a, guyyaa, ganamaa fi galgala jechuun kan ibsamaniidha. Misgaanuun (2012) akka ibsutti "seenaan asoosama tokkoo eessatti akka dalagameefi qooddattoonni asoosamicha keessatti argaman eessa akka jiraatan yookaan seenaa isaanii eessatti akka jalqabanii fi eessatti akka xumuran kan agarsiisu yoomessa" jedhee ibsa.

## 2.7 Haalota Yoomessi Ittiin Mullatan

Haalota yoomessi ittiin mullatan Fedhasaa wabeeffachuun Malaakinee(2006) akka ibsutu "yoomessi yeroo, bakkaa fi haala ta'iinsi keessatti raawwatame argisiisa" jedha. Askeessatti wantoonni sadii murteessoodha. Isaanis:- yeroo, bakkaa fi haala hawwaasummaa kanneen sada irratti hun doofnee yoomessa asoosama tokkoo baruun salphaadha.

### 2.7.1 yeroo seenaan sun itti raawwate

Yeroo seenaan itti raawwate kallattii fi alkallattii jennee qoodna. yaada kanaa Feedhasaan(2013)akka ibsuutti "Kallattin seenaan tokko yeroo ibsaamu ganama,galgala,halkan,bakka akkasii guuyyaa akkasii jechuun ibsama"jedha. "alkallatti yammuu ibsaamu immoo taatee yeroo sana ta'e yookaan rawwaate maqaa dhahuun ibsuudha"jedha.

### 2.7.2 Bakka Seenaan Itti Raawwate

Bakka seenaan sun itti raawwateen kan wal qabatuudha.yaada kanaa Feedhasaa (2013)akka ibsuutti "haala teessuma lafaa fi haala qilleensa naannoo fahiin kan ibsamuudha"jedha.

### 2.7.3 Haala jireenya hawaasaa

Yoomessi hawaasan ni mul'ata.yaada kanaa Feedhasaan (2013)akka ibsuutti "Haala hawwaasaa yeroo asoosamichi itti barreeffamee hawwaasni gaddaa, gammadaa, hacuucamaa, bilisoomaa, sooressaa fi iyyeessa jedhee haala yeroo sanaan kan ibsuudha"jedha.

# BOQONNAA SADII: ODEEFFANNOO QAACCESSUUF HIIKUU

Asoosamni dheeraa iyyaaf iyyata jedhamu kun caacculee garaa garaa of keessaa qaba.isaanis kanneen akka namfakkii, waldiddaa,yoomessa,jaargcha,fi ergaadha.kunis gosoota garaa garaafi bakkeewwan garaa garaa seenaa asasoosamichaaf kan kennaniidha.kanaaf odeeffannoo armaan oliitti kaafaman nii qaacceeffama. Qorannoon kun kan irratti geggeeffame caacculee asoosamaa keessaa yoomessa asoosama dheeraa Iyyaaf iyyata sakatta'uun dhiyeessuu irratti kan xiyyeeffateedha. Malli qorannoon kun ittiin geggeeffame immoo mala qorannoo akkamtaati.qo’annoofi qorannoon ciminaafi dhadhabina sochii hojiin tokko qabu kan mullisuudha.qorannoo tokko keessatti hojiin hojjetamu beekumsaafi dandeettii dubbisaafi qoraallee nii dabala.odeeffannoo haaraa argachuufis ta’ee dhugooma argannoowwan darbanii xiinxaluuf sochii godhaniidha.waanta’eef sochii kana keessatti immoo hubannoon gahaa akka aramu qaaccessuudha. Kana keessatti immoo qo’annoofi qorannoon deemsa rakkoo hawaasaa namootaa keessatti mudatu mala saayinsaawaa ta’etti fayyadamuudhaan hawaasa keessa jiru yookaan dhaabbilee siyaasaafi barnootaa ibsuudha. Haalonni kunniinis ibsamuuf itti yaadamee kan hojjetamuudha.

## 3.1 seenaa asoosama iyyaaf iyyataa gabaabaatti

Akaakayyuun guddataa nama umuriin fagaatanii waggaa hedduu ta.aniidha umuriin isaaniis waggaa saddeettama (80) guutera. Guyyaa tokko mana isaanii jala ta’anii utuu caama ganamaa qaammatanii ilma isaanii guddataa ofittii waamanii kottumee ilma koo jedhaniin guddataanis tole jedhee donbii itti butatee isaan jala taa’ee waan isaan jedhaniin dhaggeeffata ture. Barri isaa bara qabsoo jibbisiisaa

Bara gidiraadha.tokko quufee qannoodhaan jiraata. Tokkommoo haal hin taaneen jireenya dabarsa.guddataanis akaakaa isaa jala taa’ee waan jiru dhaggeeffachuutti ka’e .akaakayyuun isaa ilaamee guddataa koo jedhaniin innis tole maal natti himtuu jedheen isaanis deebisanii abbaan kee nama qabsoo oromoo keessa bu’aaa guddaa sabaaf buusaa tureedha. Utuu kanaan jiruu dhiibbaa uummata oromoo irra gahaaa jiruufi ture mufachuun bosona seenre. Guyyaa tokko haati kee ulfa ji’a torbaan utuu jirtuu akka nama qoraan funaanuu abbaakeetiif osoo isheen gara bosonaatti nyaata geessaa nyaata geessaa jirtuu jarri tokko rasaasaan ajjeesan abbaankee immoo

kanuma aaree namoota haadhakee ajjeesan sana shanan isaanii wa irra naqee isaan ajjeese. Jennaan guddataan baayee gaddee imimmaanni fuula isaa dhiqe. Dhiisi ilma koo homaayyuu hin gaddin boonyees homaayyuu godhuu hin dandeenyu waan ta'eef jabaadhu jedhanii isa jajjabeessan. Ammas deebisanii guddataadhaan guddataakoo jennaan guddataan yoo jedheen. Egaa erga maatiin kee sirraa dhumaniitii atis homaa waan gochuu hin dandeenyeef mee dubartii jabduu ishee kan egeree qabdu fuudhi jedhaniin. Guddataan intala kennaa galataa jedhamtu tokko jaallateera. Kennaan nama seenaa qabdu sirna gadaadhaan guddatteedha. Akaakayyuun guddataa akka sirnaan isa fuusisan waadaa seenaniifii jiru. Utuma kanaan jiranii guddataan jaarsolii biyya warra sirna kana beekan waamee abbaa abbo kennaa obbo galataatti ergann obbo galataan waa'ee abbaa guddataa duraan waan beekaniif intala isaanii itti eerumsiisuuf itti hin saalfanne. Sababni isaa guddataan warri isaa nama seenaa beeku waan ta'eefidha. Akaakayyuun guddataa akkuma waadaa seenaniif sana jaarsolii biyyaa waamanii qerroof qarree naannoo sanaa walitti waamanii guddataaniifi kennaanis wal jaallatanii godina wallagga bahaa aanaa bonayyaa bosheetti walitti eerumsiisanii wal fuusisan. Yeoon dheeratee barri bubbuleera. Guddataaf kennaan jireenya mataa isaanii jiraachuu keessa bahanii ijoolleeyyuu horaniiru.ijoollee dhiiraaf dubaraa kan waaqayyo kenneef guddifachaa jaalalaafi tokkummaan jiraatu jaalalli isaan gidduu baay'ee cimaa deeme. Haa ta'uyyuu malee maatiin guddataa hiyyummaa keessa bahanii sadarkaa rakkinaatiin gara dudda duubaa jiru. Akka isaan hiyyoomanii hiyyummaa keessatti hafan kan godhe immoo maatii guddataa warra abbaaf haadha isaanii ajjeesaniidha.yeroo hundumaa yammuu ollaa isaaniitiif gammachuu,manni aadde kennaafaa gaddaan guutuudha.lafti obbo guddataa kan akaakayyuun isaa kennaniif hektaara 10 ol irraa fuudhamee guddaataanis imaanaa akaakayyuu isaa akka galmaan hin geenye godhamaa oola.sababa kanaaf guddataan weerara kana nuffee gara bosonaatti baqatee achi keessa oola.waan nyaatuuf dhugu immooachuma bosona keessaa bineensa ajjeefatee isaanuma nyaatee oola malee gara manaatti hin galu. Ji'a tokko keessaa yoo itti tole yroo tokko gala kan jireenyatti rakkatee ijoollee guddisu aadde kennaadha.malee guddataan kanaan wal'aasoo qabuun isa jibbisiisee garaa kutatee bosona keessatti gala.bara barri isaanitti dukkanaa'e keessa guddataafi kennaan mucaa iftiyom jedhamu tokko godhatan. Mucaan kunis erga dhalatee kaasee guyyaa tokko ifa argee utuu hin bayyanatin harra gaheera.harmeen ifti yoom qabsoo isheen taasiftu kan baayyee nama ajaa'ibuudha. Miilla duwwaa baadiyyaa keessa deemtee waan nyaatamu barbaacha olliif gadi kaatti.aduudhaan aduu

osoo hin jedhin rooba keessa oliifi gadi fiigdi. Kennaan firaafi alagaa osoo hin jedhin nama hundarraa midhaan kadhatti.yammuu isheen utuu joortuu aduun tii dukkanaa'ee osoo fiigduu rakkatti. Ijoolleen ishee immoo harmeen keenya dhuguma kana keessa galti  roobni akkanatti roobuyyuu lolaan isaa lafa tochooseera. Jedhanii gola keessa ta'anii ijoolleen ishee walitti duudanii boo.u aadde kennaan immoo yeroo manaa baatee galtu akkaman godha laata iloolleekoo xanneen dhayee ajjeesa yaa waaqakoo mee ijoollee koo bira naaf dhaabadhu jechaa imimmaan cibsaa gara manaatti fiigdi.halkan gurraacha sana isa namni fuula walii hin argine sana keessa miilla ishee mukatti tumaa fqorriifi roobni ishee kotteessee gara manaaatti galuuf deemti.manni maatii onno guddataa maqaa dhuma isaatu mana malee godoo dha jechuu dandeenya .kans ta'e sana guddataan manni isaanii xiqqoo eaan ta'eef bakki iiti waa bilcheeffataniifi bakki itti waan argatan nyaaatan tokkichuma. Keessummaan mana isaanii hin dhaquuf malee utuu dhaqee lafumti gadi ta'an hin jiru.manni isaaniicitaa waan ta'eef yroo roobni roobuu jalqabu dursee ofumaan dhimmuu eegala.hafaa yookiin kusaayee naannoo isaaniitii argamu sana walitti qabanii hafataniitu qooddiroo obbo guddataan bosonatti meexxii irraa dhaye wal irra buusanii irra ciisu.halkan waarii waxxeessi sun darbee sa'atiin gara 11tti deemeera.obbo guddataan halkan edaa dhokatee mana isaa bulee ganama obboroon ka'ee utuu lafti hin bari'in waan nyaatamu hamma humna isheetii qooddirootti naqxeefii barii sana suuta jettee cufaa saaqxee utuma isheen ija keessa ilaaltuu mararsiifachaa gaggeessuuf dura buutee cufaa saaqxee baate.humna hidhatee boroof balbalaan naanna'ee jiru argan.lachan isaanii achimatti rifatanii waan jedhan wallaalan.guddataan reefuu hirribaa waan ka'uuf meeshaa korojootti naqatee jira malee hin hidhanne.daqiiqaa gidduutti meeshaa inni baatee jiru harkatiiqabani.dhayicha isaan dhayuutti ka'an bineesa daggalaa nama aarseyyuu akkanatti hin rukutan.kennaan obsuu dhadhabdee uuu,uuu uuu,uuu, jettee iyya kessaa fuute.kennaan mana isheetti ol deebitee nama itti himattu dhabdee ijoollee ishee hirribaa dammaqsitee wajjiniin boo'uutti kaate.ganama obborodhaan aadde kennaan yammuu cufaa saaqxee gadi baatu sangaa isheen tokkicha qabdu sun hidhaatti hin jiru achii baatee asiif achii fiigee akka nama maraatuu taate.adde kennaan yaa guddataa koo utuu ati hin jiraannee kun akkana hin ta'u turekaa siin mana hidhaatti si datbatanii anammoo qabeenyakoo saamukaa jettee of irra gad teessee boosse.aadde kennaan gaara sodduu (tulluu battal) jedhamutti ol baatee  akka jajjabee bosonaa ol bahutii iyyitee caraanti.namn isheetti dhufu hundinuu nami qotiyyoo kana fuudhe imimmaan ishee lolaasisu kana

imimmaanishee galaana ta’ee ishee haa nyaatu jedhee bira darba.ob afarsaa namni jedhamu (miliishaa )hidhataa ganda sanaati.kofoo mudhiin gahee manda keessa jooraa oola.afaaniin nam dhugaa dubbatu fakkaatee gochaadhaan garuu dhugaa jallisuuf jecha araqeeqe qeenbee yookiin xuusee tokko bira hin darbu.sababa sangaan aadde kennaa badeef obbo afarsaan barii hirribarraa dammaqee uummataaan bor ganama waa’ee qotiyyoo bade kanaaf namni hundinuu baanee haasawaa haa goonu jedhe. Labse. Ammayyuu mana aaddee kennaa keessa wanti nyaatan hin jiru.qotiyyoo kana sakatta’uuf jecha uummanni yaa’ullee waan tokkoyyuu arguu hin dandeenye.isa booda maanguddoonni qotiyyoo bor dacheetti dabalamtuu jennee as ta’aa hin oollu jedhanii iyyata isaanii fuula rabbii dura kaa’atanii galan. Magaalaan billoo keessi kan yaaddoon guuteedha. Yeroo ibsaan hin jiru, bishaan hin jiru, akkasuma neet woorkiin hin jiru.wanti magaalaa billoofi boolee wal fakkeessu.daandii xiyyaaraa qabaachuu isaanii qofa.ijoolleen boolee toora marsaritii gubbaa oolti.barri isaa bara lakkoofsisee jira.bara 1994 umuriin ifti yoom barnootaaf yeroo barnootaaf yammuu gahutti galmee jalqabuuf jedha.iftiyoom akka ijoollee kaanii haala gaariin hin guddanne.hiyyummaa dhaan guddate jechuudha. Waqtiin gannaa sun darbee birraan bariheera.jiini fulbaana sun yaammuu gahe harmee ifti yoom mana barumsaatti isa erguudhaaf ofuma isheetiif mariyatte. Isheenis mucaa kana ofitti waamtee Ilaa mucaakoo bar barattee nama guddaa naaf ta’uu dandeessa. Barattee nama naaf taatee isa imimmaan koo akka nama sanyii facaasuutti facaasaa jirtu kana narraa kaasuu dandeessa jetteen.erga mucaa ishee erga galmeessitee booda. Baayyee gammadde.dabtara isa abbaa waraqaa16 fi kobbee tooppii jedhamu bitteefii ilma ishee ifti yoom geessitee mana barumsaa sadarkaa 1ffaa sodduu mikaa’eelii jedhamutti akka baratuuf isa galmeessite.guyyaan waggaatti, turban immoo torbanitti wal dabarsuudhaan waggaan sun xumuramee ji’a 10ffaa gahee guyyaa kaardiif abboonni walitti ya’anii achitti argamanii jiru. Harmeen ifti yoom ilma ishee sababeeffachuun dhuftee irratti hirmaattee jirti.iftiyoom yeroo sana sadarkaa 20ffaa bahee galee midhaan lagate. Haati isaa aadde kennaan haati isaa lakki dhiisi jajjabaadhu harri bor mitiitii jette isa jajjabeessite.ifti yoom bara sanaa kaasee qubee afaan oromoo walitti fiduudhaan jechoota walitti fiduun waloo gaarii ture. Yroon isaa ganna dhadhaqiin isaa nama nyaatu kan baayyee nama sodaachisu ture. Haati iftiyoom mana keessa wanti nyaatan hin jiru.kennaan midhaan kadhachuu deemtee hutuu hin galin halkan sa’aatii 2 ta’ee jira. Ijoolleen ishee immoo balbal dura ta’anii harmee isaanii eeggatu.haati manaa obbo shaaroo haati keessan waan galtu miti

waanuma fedheefuu bokkaan kun isheedhumaaf robe fakkaata jettee itti baacaa balbala dabarte.bokkaa sana keessa iyyi guddaan laga xichoo jedhamu keessaa dhagahamutti ka'e.halkan keessaa sa'atii 7 ta'ee jira. Haati isaanii hammayyuu hin galle. Iftiyoom hirriba keessaa akka balbal dura taa'ee jirutti bir jedhee dammaqe. Sagaleen iyyaafi gaddaa ammayyuu itti fufee dhagahamaa jira. Innis deddeebi'ee gurra isaanii seena. Ammammoo yeroon halkan keessaa sa'atii 9ta'eera.laga xichoo sana keessaa ammayyuu iyyi itti fufee dhaga'amaaa jira. kennaan immoo ammayyuu gara mana isheetti hin galle. ijoolleen aadde kennaa mooraaa isaanii keessa gangalatanii boo'an illee namni olla sana isaanitti birmatu hin jiru.waanta godhan wallaalanii gara laga xichootti boo'aa gadi fiigan.iftiyoomiif obboloonni isaa lafa iyyi iyyamaa jiru bira gahuuf yoo baay'ate daqiiqaa lama qofatu isaan hafe.namoonni achi boolla keessaa reeffa baasanii siree irra kaa'uudha'anii gara mana obbo baacaatti fuudhanii sokkan.manni obbo baacaa iyyaan guute jira.oftiyoomiifi obboloonno isaa iyyanii mankaraaruudhaan namni isaaniin dhiisaa jedhu hin jiru. Sagaleen mana obbo baaacaa irra jiru tokko fagootti dhagahamaa ture. Sagaleen fagoo irraa iyyamaa ture dhufee as dhiyoo gaheera. Sagaleen iyyamaa tures maaloo ijoolleekoo eessa jirtu? Kan jedhu ture. Yeroo isaan dhufanii mana obbo baacaatti ol duudan sana waanuma hin beekamintu ta'e.iftiyoom namoota iyyanii amma ol seenan sana keessaa tokko harmee isaa ta'uu bare. Iftiyoom waliin isaa galuufii didee yaada kanaan dhiphacaa ture. Utuuu inni yaada kanaan dhiphachaa jiruu harmeen isaa itti lafa dhooftee ijoolleekoo jirtuu? jettee gammachuu guddaa fuula ishee irraa qabdu ibsite.kanumaan haati isaanii ijoollee ishee manatti fudhattee galte.edaa haati isaanii hin dune kan lubbuun isaa dabarte namicha machaa'aa olla isaanii jiru sana kennaan ammayyuu lubbuun jirti. Iftiyoom baadiyyaa fagoo keessaa bahee gara magaalaatti deemee barnoota sadarkaa 2ffaa barachuu jalqabe. Guyyaa tokko utuu koongoo isaa miillatti hodhatee deemuu keelloon jalaa kuttee wanta ittiin deemu dhabee of irra gad taa'ee boo'aa utuu inni jiruu ijoollonni lama itti dhufanii ijoollee lamaan sana keessaa daamuun itti gad itti jettee maaltaatee jettee gaafannaan iftiyoom itti himuu saalfatee,ture.daamuun gadi teessee rakkoo isaa gaafachuu itti fufte.ilaamee daamuu koo jedhe. Rakkoo isaa itti gadi tarreesse.iftiyoom jireenyi itti ulfaatee jira.maraatuu sammuu hin qabne ta'ee magaalaa keessa deemee koongoo ciccitaa gurguruu jalqabee uummanni magaalaa bulloo hundi isaanii iyyuu gara hijii isaaniitti fiigu malee namni galagalee isa ilaalu tokkoyyuu hin turre.harmeen isaa immoo akkanni manatti deebi'ee galu egaa jirti inni garuu deebi'ee manatti galuu hin dandeenye.harmeen isaa inni mana

barumsaa deemee waan galuu dideef yaaddoo guddaa keessa jirti. Iftiyoom dukkana sana keessa of tumaa gara manaatti koonkoo ciccitaa of irra kaa'ee mana dudduuba kaa'ee harmee isaa dhokse. Rakkina kanaan uttuu dararamuu guyyaa tokkollee haala mijataa keessa hin jiru ture.otuu akkanaan jiru guyyaa tooko harmee isaa mariirisee akka magaalaa bulloo taa'ee baratu ta'e. jireenyi dargaggummmaa immoo baayee nama dhiba.iftiyoom umurii kanarra gahee jira.guyyaa tokko barnoota isaa kutaa 10 utuu baratuu mucaa damuu jedhamtu tokko jaallate. Daamuun immoo intala sooressaati. Iftiyoom garuu hiyyeeessa maatiin isaa homaallee hin qabne ofuma isaatiillee kopheen irraa dhumtee waan keewwatuyyuu hin qabu. Garuu iftiyoom nama amala qabuudha. Guyyaa tokko utuma sodaatuu daamuu gaaffii jaalalaa gaafate daamuun amaluma isaa ilaaltee tole jetteen. Jaalalli isaanii jabaachaa adeeme.iftiyoom gar deemu hundatti waa'ee daamuu yaada. Guyyaa tokko akka tasaa mooraa isheen keessa teessu suuta jedhee utuu hin shokoksin duuba isheetiin utuu isheen miila dhiqattuu irraan bahe.isheenis galagaltee isa ta'uu isaa yammuu bartu gammaddee nagaa gaafatte utuma dhaabatanii haasa'anii hiriyaan daamuu kottaa seenaakaa buna dhugaa jettee seensifte. Daamuunifi iftiyoom utuun isaan haasa'anii balballi qos qos jedhee rukutame.namoonni lama ala dhaabbatanii quqqufa'u.ijoolleen kunis lamman isaanii hiriyoota waliiti.borjoofi abbashuudha.abbaashuu kanaan dura jaalalaaf daamuu gaafatee ture. Isaan yammuu isaan ol seenan daamuun baayyee naate. Iftiyoom dabtara biraa qabu sana irkaa fudhatee mana isaatti gale.akka iftiyoom daamuu jaallate irratti baranii kan booda. Bakka iftiyoom deemu barbaaduutti ka'an. Orjoofi abbashuun yeroo hundumaa iftiyoomiin ajjeesuudhaaf karaa soquutti ka'an. Magaalaa billoo keessa yeroo hunda ijoollee qarreefi qeerroon achitti wal gahu.iftiyoom yroo magaalaa keessa deemu daandii mana dudduuba jiru malee hin deeemu.daandii 2ffaa waldaa warra wangeelaa makaana yasuus bullootti namoonni lama ulee isa bishaan nama hin obaafnefi cuubee baattatanii karaa daandii man duubaa dhaabbatu.iftiyoom isaan argee bishaan ta'e abbishuun ija diimafftee iftiyoom morma qabee harra dhimmakeen sitti hima jedhee qabee gad dhiisuu dide. Borjoon ulee hammanaa gadi gahuun tyammuu ifti yoomitti gad dhiisu morma jalaa miliqfatee harkaa harka isaa rukute harkisaa mirgaa xinnoo miidhame.yaa miillakoo harruma qofa na galchii jedhee utuu inni fiigaa jiruu duubaan itti dhufanii mataa isaa keessa rukutanii awwaaraan isa makan.osoo name isa hin argin bosona xiichootti duudan.kennaan immoo mucaan koo yoom gala jechaa jirti. Obboleessi ifti yoom ifaa inni jedhamu sun dafee ariitiidhaan uffata jijjiirrachaa jira.aadde kennaan mucaa

isee qaqqabuudhaaf baadiyyaa kilo meetira 300 ta'u miilla ishee duwwaa duukaa fiigde.harmeen iftiyoom adde kennaan ifaadhaan maaltu ta'e ilmakoo jettee gaafatte inniis sagalee ciccitaatiin iftiyoomtu, iftiyoomtu, jedhe sagalee kukkutamaa wayiin harmeen ifaafi ifaan miirri isaan argamaa jiru itti waan hin tolleef ijoollee isaanii duukaa sokkan.iddoo meeqatti kukkufaa ka'aa gara magaalaa billoo gahan.daamuun iftiyoomiif jecha iyyitee gaggabdeetti.marata mataa isheetiin ifitti qabdee walitti hiiteefii haammattee mana yaalaa billloo keessa teessi.ifaafi kennaan yeroo mana yaalaa gahan ifti yoom akka du'aaf ka'etti ciisa.sababa kanaaf wanti godhamu wallaalamee hunduu boo'ichaan guutera.adde kennaan lafa of keessu dhabdeetti durumaanuu waan meeqaan dararamaa jirti ammammoo rakkina kanatu itti dabalame.ifaafi harmeen isaa qarshii ittiin mucaa isaanii yaalan barbaduutti jiru.dr nis mucaan kun hin fayyu gara mana yaalaa naqamteetti dabarsaa jedheen.magaalaa naqamteetti utuu yaalanii hamma tokko fayyeera.iftiyoom naannoo sa'aatii 9:00 keessa iftiyoom of bare.amma lafa jiruu boquu isaa ol qabatee yeroo ol ilaalu namoonni hedduun cina isaa taa'u. akka abjuu wayii kessa galee maaliidhaa?waansaa jedhee of gaafachuutti ka'e.akkuma naasuu keessaa bir jedhee dammaqeen jaalalleekoo agartaniittuu? jedhee gaafate.iftiyoom suuraa jaalallee isaa harka isaatti bocatee jra. Isheenis harka isheerraa qabdi.

Yeroo hedduu booda guyyaa tokko bashannanaaf gara laga xichootti deeman. Uffata isaanii miiccatanii waa'ee jaalalaa wal dhamdhamsiisu.amma lachanuu galaana jaalalaa keessa seenanii wal daaksisaa jiru.ammas yeoo lammaffaa daamuukoo jedhee harka qauba isaatii quba ishee keessa galchee miira jaalalaatiin haammatee taa.a.yeroon sun yeroo baayee gaarii ture isaaniif.turtii ji'a lamaa booddeedha.akka lakkoofsa warra soddaatti barri 2004dhumee barri itti aanu barri 2005 dhufee jira.ji'a lamaa ol wal irraa fagaatanii waan jiraniif wal yaadanii jiru.lachan isanii bilbila harkaa waan hin qabneef sagalee walii yaadani.obbo shankuteen abbaa daamuuti.nama qabeenya isaatiin of tuuluudha.akka mucaan isaanii daamuun jaalala jalqabde fuula isheerraa dubbisanii haala kana adda baafachuuf odeeffannoo garaa garaa funaannata obbo shukuteen.obbo shunkuteen jaalala isaanii kan adda diiguuf fala meeqa falaa jira. Garuu milkaa'uu hin dandeenye.daamuun garuu akkuma waa'ee maatii isheetii dhiphattu halkanii guyyaa waa'ee iftiyom dhiphatti yeroon yeroo birraati hundumtuu mooraa mana barumsaatti wal argee yeroo itti muummee barnootaa saayinsii hawaasaa moo uumamaa filatta? Jedhee gaaffii

wal gaafatuudha.daamuun garuu iftiyoomiin mooraa keessatti argitee boo'ichaaf lafti ishee qaban dhibe. Iftiyoom garuu maaltaate jedhee gaafatuyyuu deebii isaa argchuu hin dandeenye.
Utuu inni mooraa keessaa aci siqee taa'aa jiru abdiisaan xalayyaa jaalalaa kan daamuun barraa'e itti kenne utuu taa'ee isa dubbisuu xalayaa sana irraa :

*akka waliin mariyannee barannuuf gahee ati taphachaa jirtu ittuu madaa godaannisaa ta'ee natti hafee burqaa imimmaan kootii gabbisaa jira.egaa maalan godha?maatiinkoos magaalaa kana keessatti akkan hin baranne na dhorkanii jiru. Kanaafan harra ganama waa'ee kanaa sitti himuu sidaadhee boo'ee malee homaa miti.egaa maatiin koos irra deddeebi'aniiaa akkan adaadaakoo bira jaarman deemee baradhu natti himaa turan.egaa itftyoomkoo guyyaa waaqayyo jedhe wal agarra. nagaatti….*Jette.xalayaa barreessiteef.

Ifti yoom akkuma xaklayaa kana fuudhee dubbiseen achumatti imimmaanni ija isaarra lola'e.waan godhu wallaalee raata'e.sammuun isaa of wallaalee achumatti of irra gadi taa'e.egaa daamuun ifti yoom akka nannoo saatii 10tti buufata konkolaataatti isaa eegdu duraan itti himtee jirti.sababa isa beellamteef isa eeguu dhaaf jettee karaa gubbaa dhaabbatti.iftiyoom garuu of wallaalee jira.daamuun garuu magaalaa billoo keessaa baatee himala ishee magaalaa finfineetti taasifteetti.galgala sa'atii 4keessa erga finfinnee gahanii booddee siree qabatanii erga ciisanii ammo yaanni iftiyoom ishee raffisuu waan hin dandeenyeef ciiftee asiif achi gangalattee yaadaan dhiphachuu eegalte.iftiyoom gara manaatti galee daamuun as jirtii? gadi naa baasaa jedhee akka maraachuu wayii ta'e.mana yaalaa geessuuf dhibee kana akkamitti fayisu jedhanii yaaduma isaatiin mariyatanii dhiisan.isa booda nama wangeelaawwii tolasaa jedhamu tokko waamanii kadhachiifnaan manni aadde kennaa koonfiraansii ta'e.halkanuma sana fayyee mucaan.isa booda sammuun isaa itti fooyya'ee gara barnootaattii deebi'ee erga xumuree booda.qabxii 381 fiduudhaan gara mooraa uunversitii amboo deeme. Ficilli diddaa garbummaa baruma sana keessa eegale.guutummaa oromiyaa keessa iyyi ilmaan oromoo iyyamee dacheen nama jalaa owwaachuu diddeetti. Yuunversitii amboo fulbaana 19,2007 barattootaaf dursee waamicha godheera.harmeen isaas waan godhamuufii malaa gootee isa gaggeessite.waaree booda naannoo sa'aatii 10:00 keessa magaalaa ambootti of arge.barattoonni oromoo buleeyyiin kaampaasicha keessa jiran qophii baga nagaan dhufanii qopheessan. Yyuunvarsitii aboo keessa sa'aatii 4fi3 gidduu dirree barnootaa osoo hin taane dirree qabsooti.loltoonni meeshaa waraanaa hidhatanii

jiran barattoota doormiitti ol naqanii reebaa jiru.iftiyoomittis seenanii mataa isaa isa odaa fakkaatu sana qabanii lafarra gototuutti ka'an fuudhanii gara kaampii deeman.barataa milkii guutamaa kan jedhamu hitiyaa iftiyoomiidha innis adaamaatti FBE barate.nama baayee iftiyoomii wajjin walitti siqaniidha. Waan tokko waliin mariyatan kottu mee jedhe milkiin iftiyoomiidhaan. Asuma kan karaa ektiraa kana buunee qorichi budaa tokko achitti gatii rakasaan gurgurama jedhanii wallitti himan isaanis bakka sana gahaniiru. Daangaa ethiophiyaafii ertiraa gidduu nama mitii sinbirri hin qaxxaamurtu.namoonni lama daangaa irra ta'anii nama asiif achi darbu eegu.isaanis milkiifi irtioom daangaa irratti arganii qabanii mana hidhaatti galchan.utuu inni mana hidhaa keessa jiru haati isaa immoo manaa dhukkuffattee mana yaalaa naqamteetti yaalamaa jirti.iftiyoomiifi milkiin yeroo dhiyoo keessa mana hidhaatii bahanii magaalaa maqalee keessa wal barbaadanii wal argan erga wal arganii booda.magaalichuma keessa waan ittiin magaalaa oromiyaatti galan dhabanii jooraa jiru.yeroo isaan mana hidhaa keessa jiran sanatti abbaan iftiyoom obbo guddataan ijoollummaa keessa hidhamee fuulli isaa irkaa badeera garuu immoo mucaadhuma isaa wajjin mana hidhaa keessa jira. Kana malees immoo maqaan obbo guddataa G/Daanyee jedhamee man hidhaa keessatti waamamaa ture. Garuu iftiyoom waliin wal baruu hin dandeenye. Bammeen jaalalleen iftiyoom duraanii biyya jaarman duraan deemte sun halla mijataa keessatti barattee barnoota ishee xumurtee guyyaa tokko magaalaa finfinnee keessatti irreechi yeroo kabajamutti daamuun dr taatee magaalaa finfinnee kanatti irreecha kabajuu dhufte.gidduutti haati iftiyoom immoo dhukkubni ishee itti hammaatee magaalaa finfinnee keessaa hospitaala leenca gurraachaa(leenca gurraacha) tti yaalamaa jirti DR Dammeen erga ayyaana irreechaa kabajii dhufteetii kaasee biyya jaarmanitti deebi'uu hin barbaanne. Isheen Dr cimtuu waan taateef akkuma isheen hispitaala xiqur anbassaa hojiif gaafatteen isaan simatanii fudhatan. Akka tasaa adde keennaan akka isheen dr daamuu biratti akka yaalamtu taate.obboleessi iftiyoom ifaan hspitaala keessa taa'ee abdii kutatee an abbaakoos nan dhabe haadhakoos nan dhabe jedhee of irra taa'ee boo'a.guyyaa tokko dr dammeen waantota ittiin yaalan qabattee gara aadde kennaa dhuftee utuu ifaan boo'uu argitee dhiisi hin boo'in abshir abshir hin gaddi jabaadhu jettee ifaa jabeessite.dhugaadha. waan dr dammeen hospitaala sana keessaa ittin nama yaaltu fuuluma waaqati nama jechisiisa.milkiifi iftiyoom G/Daanyee fudhatanii tigiraayi magaalaa maqalee irraa gara magaalaa finfinneetti himalaa jiru.teessuma tokko qabatanii waliin haasaa eegalan.G/Daanyeen isa oromiyyaatti deebi'aa jiru baayyee

gammade. G/Daanyyeen iftiyoomiifi milkii dhaan umurii kanatti mana hidhaa sana keessatti dararamuun keessan hin taane jedheee baay'ee gadde.G/Daanyeen iftiyoomiin qaqqabee obsaan aannan goromsaa dhugaatii jabaadhaa jedhee isaan jajjabeesse.konkolaataa keessatti wal harkaa fuudhanii osoo haasa'anii aduun itti dhiinaan amhaaraa keessaa magaalaa dassee bulan.erga achi bulanii booddee bor ganama sa'a 11:30 dafanii ka'anii gara finfinnetti qajeelan.iftiyoomfaa erga finfinnee gahanii booda bilbilli isaa jalaa waan badef bilbila nama tokkooyyuu hin qabu. Akka tasaa sammuu keessa bilbila obboleessa isaa ifaa yaalee argate ammuma gaafa bilbilli issaa yammuu yaalu bilbilli ifaa waame. Dhukkubni aadde kennaa itti hammaachaa dhufee baay'ee rakkiseera.bilbilli ifaa yammuu bahufitti nagaa wal gaafatanii ifaan gammachhifi gaddaan wal dhugee akka fajjaa'uu ta'e. ifaanis haati isaa akka dhiphina guddaa keessa jirtu iftiyoom iiti hime.iftiyoomfaa ammo milkii,G/daanyee  sadii ta'anii taaksii qabatannii gara hospitaala xiqu anbassaatti fiigan. Duuti aadde kennaa itti dhiyaattee dhuphuu guddaa keessa teessee wawwaachaa jirti. Iftiyoomfaa fiigichaan yammuu dhufan wawwaannaan hospitaala keessaa sagalee guddaatu dhagahama.isaanis ammuu ol seenan dr daamuun yaalaa utuu iseen jirtuu guddataan akka ishee ta'e bareera haati isaammoo rakkachaa jirti. Utuu inni haaadhasaa irratti gadi kufee boo'uu dr daamuu fuula isee argee ilaalee dhiisuu dide dr daamuudhas wanti kun galuufii didee baay'ee rakkisaa jira.suuta jedhee dubbisee yammuu harka isee qabee ilaaluu suuraan waliin harka walii irratti kaasaa turan mul'achaa jira kanumaan isheenis harka isaarra yammuu ilaaltu maqaa isheefi suuraa daamuutu irra jira.  Dhukkubni aadde kennaa suuta suuta itti fooyya'ee yammuu dammaqxu iftiyoom mana keessa jira akkasumas guddataanis maqaatu jijjiiramee malee dr daamuun fayyuu aade kennaa dhageessee bayyee gammadde. Namoonni achitti argaman taatee kana hunda hin dinqisiifatan. Obbo guddataan naasuu wayii ta'ee hin gammada ta'ee hin beeku akka wayii ta'e. xumura irratti erga aadde kennaan fayitee booddee silummayyuu qarshii ittiin hospitaala dhufan liqeeffatanii dhufan.DR/Daamuun asuma kanatti na eegaa nan dhufaatii jettee uffata ittiin dhukkubsataa yaalaa turte sana ofittii baaftee kan biraa jijjiirattee qulfii konkolaataa qabattee dhufte. Ob guddataa,aadde kennaa,ifaa,milkiifi ifti yoom fuutee konkolaataa ishee isa bishaan lagaa fakkaatu keessa keessee konkolaataa naanneffattee gara hoteelaatti naanneffattee qajeelte.erga achi gahanii nyaata nyaata nyaatanii booda waan qaban walitti qabanii gara biyyaatti sokkan. Qarshii ittiin yaalamaa turan sana kan liqii akka irraa baaftus waadaa seenteettiif. Fayyuun adde kennaa adda erga baafatanii booda akka bahan ta'e.

obbo soorummaan halkan guutuu bilbilaa ifaa yaalaa bulus argachuu hin dandeenye. Ammas irra deebi'ee yammuu yaalu bilbilli isaa yammuu bahu maaltu ta'e yammuu gaafatu ifaan amma magaalaa baakkoo geenyee dhufaa jirra kennaanis fayitee dhufaa jirti nu eegaa jedhee gadi bilbile.magaalaa baakkoo darbanii osoo magaalaa siree hin gahin daandii kallattii finfinnee irraa gara billootti jallatu bakki sun mootoo jedhama. Iddoo san yammuu gahanachi irraa jallannaan karaan keessi awwaara qofa ta,e konkolaataan sila bishaan fakkattu awwaara taateetti.obbo soorummaan labsii labsanii jiru waan ta'eef namoonni kennaan hin duute se'anii waldaa warra wangeelaatii boolla qotu. Uummanni magaalaa billoo bosheetti ya'anii reeffa eeguutti jiru. Faallaa kanaa immoo konkolaataan nam feetee gara isaaniitti areedaa jirtu akk isaan eegan sana osoo hin taane faarfannaa bilisee karrasaa:

*Maalif gadda teessu anoo jiraa*
*Maaf wal iyyaafattu an fayyaadha.*
*Gooftaan na gargaaree jiraadheera…….”*

Kan jedhu sagale guddiftuudhaan konkolaachisaa irraa faarfachiisaa dhufee magaalaa bulloo seenan gamoo naggasaa mokonnon mana baankii hojii gamtaa fuulduratti konkolaataan uummataan marfamte.naannoo sanatti gammachuu guddaatu ta'e. kan uummanni eegaa ture kan biraa tures kan biraadha. Kan isaan isaaan argaa jiran kan biraadha.kaan imimmaan dhugaa dhangalaasa kaan immoo imimmaan sobaa dhangalaasa.gaddaaf gammachuutu wal make.boolli awwaalchaaf qophaa'e afaan bane ture sunis deebi'ee biyyeeef dhagaadhaan cufame.

### 3.2 Yoomessa bakkaan mul.atan

Asoosamni bakka adda addaatti qoodnee kan ilaalluudha. Asoosama keessatti yeroo,bakka haala qilleensaa naannoo sanaa himuu kan deenyuudha. Bakka yammuu jennu bakka ta'iiwwan sun itti ta'e kan barreessaan bakkeewwan garaa garaa fuudhee bifoota isaatiin qoqqodee ibsuudha. Barreessaan kun bakkeewwan akka:magaalaa, baadiyyaa,lafa ol ka'aa lageen,dirree, fi kan kana fakkaatan qoodee asoosama keessatti ibsuudha.kitaaba kana keessatti barreessaan Oliyaad waqgaarii tarfaa (2011)yoomesssa bakka addaa addaatii yoo fudhannee ilaallu:

*Garuu mannni barumsaa inni itti amma barachuu deemaa jiru mana barumsaa billoo Sadarkaa 2ffaati. Inni immoo mana isaanii irraa hiixuudha.hiriyoonni isaa sababa Fageenyaa irraan kan ka'e achuma magaalaa billoo kireeffatanii jiraatu.kunisoo Eeggataa maal fidu maaliin kireessuufi? Jette yookiin immoo ka'een akkas godha. Hamma midhaan isheen alaa qixxee ala kanaa nuuf buute akkuma isaatti ala kanaa Sassaabamtee galtutti manuma kana taa'ee deddeebi'ee waanuma nuti nyaannu Akaayiis ta'u nyaatee yoo nuti agabuu bulles nuu wajjin agabuu bulaa haa baratu. Yoo waaqayyo jedhe ji'a lamaan kana gidduutti midhaanittiin nuu geessi. Waan Yeroo sana immoo mana kireesseefiin teessisa.jettee yaada furmaataa ofitti laatte.*

*( Fuula 69 keeeyyata2ffaa)*

Barreeffama olii kanarraa kan nuti hubannu magaalaa billoo boshee keessa mana barumsaa sadarkaa 2ffaa akka jiru kan ittiin hubannu yoomessa bakkaan mul'atan keessa teenyee adda basuu dandeenya. Kanaafuu yomessi bakkaan mul'atan faayidaa akka qabu barreessaan kitaaba kanaa ibsa.

*Ifiyoom baadiyyaa fagootii bahee roobaafi fixeensaan nyaatamaa dhama'ee barnoota Eegale. Iftiyoom hiriyaa isaa wajjin karaa deemu waan hin qabneef yaadaan galaan Addunyaa daakaa sammuu isaa keessatti guungumaa rakkoofi dhiphuu inni baachuu Baachuu dhadhabu olitti boo'aa imimmaan dhangalaasaa ba'ee galuu eegale.*

*(Fuula 69 keeyyata 5ffaa)*

As keessatti ilmi adde keennaa qarshii ittiin mana kireeffatee itti galu dhabnaan baadiyyaa irraa lafa fagoo deemee barata.yeroo deemee baratu sanatti fixeensaa, roobaafi adiidhaan dhaanamee ofitti gungumaa daandii gubbaa irra guungumaa deema.kana immoo kan xiyyeeffannoo keessa galchinu bakkeewwan seenaa asoosama kanaa keessa jiran iftiyiim nama baadiyyaa ta'uu isaa nii hubanna. Kana malees bakki sun illee dhoqqeefi laaqii kan qabu ta'uu isaa argina. Kun ammoo yoomessa bakkaati.

*Magaalaa billoo keessa oliif gadi deemee koongoo ciccitaa kuntaalaan saggoo isaa Irratti baatee namoota isaa irraa fuudhanii koongoo harawaa dhaan barbaaduutti jira. Garuu jiraattonni magaalaa billoo keessaa hundumtuu jireenya isaanii fooyyeffachuuf*

*Olii gadi fiigu malee namni galagalee iftiyom ilaalu hin jiru(.fuula 74 keeyyata 4ffaa)*

Iftiyoom harmee isaa biraa ganama erga mana barumsaatti deemee karaatti kopheen isaa ishee inni suphee deemu sun harkaa karaatti cittee sanaan abdii kutatee wanta godhu gaafa dhabu magaalaa billoo keessa deeemee kophee ciccitaa gurguruutti ka’e kunis kan keessaa argannu akka barruu kanaatti iftiyoom magaalaa billoo keessa deemuu isaa argisiisa kun ammoo haala uuummata sanaa eessa akka jiran argina kanaafuu barreessaan kun akka magaalaatti ibse

*Iftiyoom karaa foddaa konklaataa taa’ee waan jiruuf foddaa banachuudhaan*
*Dachee magariisa jiituu fi lalistuu oromiyaa laistuu oromiyaa dawwachaa adeemuun*
*Akka ajaa’ibaatti dhiphina isaa isa irraanfachiisaa jira.daawwannaa isatin qabeenyaa*
*Uumamaa dachee oromiyaa irra jiru.dinqifachaa anaa bonayyaa boshee gnada jaawwis*
*Iddoo jedhamtu gahee jira. Paarkii jaallee alamaayyoo atoomsaabira gahee jira..*
*Fuula (135keeyyata 3ffaa )*

Iftiyoom mana barumsaa piripharatoorii erga xumuree booda qabxiin isaa olaanaa ta’ee sadarkaa uunversitiitti immoo filannoon kan abbaa waan ta’eef innis kaampaasii amboo jaallatee erga jalqabarratti filatee booddee isatu immoo akka carraa isaatii isa qaqqabe yammus harmeen isaa adde kennaan gammaddee waan kennamuu

### 3.2.2 Yoomessa yeroon mul’atan

Yoomessi yeroon mul’atan yoom?guyyaa kam?yeroo kan jedhu guyyaa,halkan akkasuma illee barii kan jedhamuudha.yoomessa haala kanaan mul’atanis haa ilaallu:

*Sababa akka bineensaa adamfamuuf, guddataan lubbuu isaa oolfachuuf*
*Bosona jiraachuu eegale. Jira. Ji’a tokkotti akka tasaa gara haaha warra*
*Isaatti gala.ganama obboroo sa’atii 11 yeroo jedhu gara bosonaatti deebi’a*
*Osoo maatii fi mana qabu akka itti boqotee taa’u dhabee rakkata.kaayyoo*
*Abboota isaafi biyya isaa eeguuf jecha bosonatti galee jiraata.sababa kanaaf*
*Guyyaa tokko hojii isaa hojjetatee hin beeku.kan gubatee waan gubatu dhabe*
*Kennaadha malee guddataan takkuma isaa garaa kutateera. Lafti isaanii irra*
*Irraa fudhatamuutti aansee isa isaan jireenya akkasitti jiraatan sanatu isaan*
*Iyyoomse(.fuula14-15 Keeyata 5-6)*

Yoomessa kana keessatti kan nuti hubannu guddataan sababa doorsisa alagaatiin akka itti manatti galee maatii isaa wajjin akka gaariitti jiraatu waan dhabeef halkan yeroo iji namaa wal dhabu mana isaatti galee irbaata nyaatee bulee ganama obboroodhaan sa'atii 11:00 tti gara bosonaatti deebi'a.asoosamicha keessatti kana yeroo ilaallu yeroo taatee gocha kana nutti hima dabalataanis itti fufnee yoo ilaallu:

*Adde kennaanis" ijoolleekookeessaa eenyuun xanneen dhahee na eega laata?*
*Maaloo yaa waaqayyo dubartii garaan ishee madaa'e hafu nah in taasisin ati*
*Ijoolleekoo bira naaf dhaabadhu' jechaa baadiyyaa fagoo halkan gurraaacha*
*Kan dukkanni isaa hammaatee ija namatti babaasu sana keessa miilla isheetiin*
*Dhagaatti of tumaaqorriifi roobni ishee kokotteessee galuuf tattaafatti.*
*( Fuula16-17)*

Barruu armaan olii keessatti wanti nuti hubannu haati manaa guddataa aadde kennaa rakkina keessa kan marmaartee ijoollee ishee guddisuuf baadiyyaa keessa fagoo deeemtee iloollee isheetiif waan nyaatan guurtee galti.kana keessatti yammuu waa'ee halkanii dubbatu yeroo sana keessatti maaltu akka ture ilaalla darbee immo yaammuu isheen rooba keessa deemtu jedhee yammuu kaasu waqtiin waqtii gannaa keessayyuu yeroo roobni garmalee roobu waqtii rakkisaa ture. Kanaafuu nuun immoo gama kanaan yoomesssa yeroon akka wal qabate nuuf ibsaa.

*Halkan waarii waxxeessi sun darbee sa'atii 11:00ta'eera.guddatan osoo lafi itti hin*
*Hin bar'in nagaa dhaammatee gara bosonaatti deebi'uuf ka'e kennaan nyaata*
*Qopheessiteefii hamma humna isheetii koroojootti waan naqamu naqxeefi itti laatte.*
*Osoodhuma ija keessa ilaatuu mararsiifachaa gaggeessuuf dura buutee cucaa saaqxee*
*Baate. Humni hidhatee boroof balbalaan mana isaanii marsee osoo dhaabbatu argani.*
*Lachan isaanii achumatti rifatanii waan jedhan wallaaalan. Guddataan reefuu meeshaa*
*Meeshaa korojootti naqatee jira. Malee hin hidhanneofumaa mudhii isaa qaqqabatee*

*Dhabnaan gara korojoo ijaatti harka galche daqiiqaa gidduutti bira gahanii meeshaa*
*Inni baatee jiru harkatti qabani*

*Dhayichi isaan dhahuu eegalan bineensi daggalaa iyyuu akkanatti hin rukutan aadde*

*Adde kennaan obsuu dhadhabdee UUU,UUU,UU,jettee iyya keesssaa fuute.(fuula 20-21)*

Ammas dabalataan kan hubannuu namni guddataa jedhamu gara maatii isaatti ji'a keesssaa tokko galee maatii isaa dubbisa. Guyyaa tokko garuu utuu inni maatii isaa biraa gara bosonaatti deebi'uu halkan waarii waxxeessa balbala isaa duratti gara sa'aatii 11:00 Dha'icha guddaadhaan rukutan kunis kan agarsiisu yeroo taateen kun guddataa irra gahe agarsiisa. Kana keessatti halkan waarii waxxeessa ta'uu isaa kan malees yeroon isaa illee meeqa akka ta'e nii ibsa.

*Barri isaa akka lakkoofsa warra soddaatti bara1994.umuriin iftiyoom waggaa 7*
*Guutera. Innis akka warra kaanii mana barumsaa( KG)oolmaa daa'immanii ooleee*
*Abaaboo baadhatee gaawonii hin uffanne.j aalalumaan dhuudhaa seenaa abboota*
*durii irraa qorachaa guddate.akka hirizoota isaa dhagilaala zookaan televejinii ilaa*
*ilaalaa hin guddanne.dhagilaala irraa ilaalee addunyaa qaroominaa fakkeessee*
*wallaalummaatti nama hambisu kana duukaa hin buune.sababni isaa bakki dhaloota isaa*
*finfinnee boolee osoo hin taane billoo sodduuti waan ta,eef.\fuula 33 keezzata 3*

Bakka kanatti kan nuti iaallu bara 1994 umuriin iftiyoom waggaa 7 guutera.mucaan iftiyoom jedhamu kun mucaa obbo guddataadha.sababa lafti isaanii irraa fuudhameef ijoollummaa irraa kaasee nama hiyyummaatti guddateedha.asoosama kana keessatti immoo waa,ee mana barnootaa galuu isaa dubbata waa,ee yeroofi bara isaa yammuu kaa'u immoo yoomessa yeroon wal qabachuu isaati. Barreessaan kunis seenaa kana yammuu kaa'u kana akka ta'e keessatti tilmaamuu daneenya

*Waqtiin gannaa sun darbee birraan bari'eera. Birraan isheen awwisiiftuu qilleensa*
*gammachuun booji'amte dhalootaaf bubbisaa deemtu sun foolii qabeessa taatee*
*dhufaa jirti.jiini fulbaanaa inni jireenya naaf mijeessitu reefuu akka da'ima*
*malee mul;atti.( fuula 33 keeyyata 4ffaa)*

barruu kanarraa wanti nuti hubannu ammoo ganna bacaqii keessa darbanii gara birraatti ce'uuf qilleensi jijjiiramee kan nama gammachiisaniidha. Ji'oota akkasii kana keessa gara fulbaanaatti kan ce'aniidha.akka barreessaan kitaaba kanaarraa himutti kanas haalota yoomessa keessaa kan ittiin adda baafannu yoomessa yeroo ta'uu isaati.

*Guyyaan isaa guyyaa facaasaati.waqxiin waqxii roobni itti heddummatee lolaan*
*Kutee roobni osoo wal irraa kutin harmeen iftiyoom mana keessa as ilaaltee*
*Achi ilaaltee waan fuutu dhabdeetti.*

Yeroo kana keessa haalli qonnaan bulaan ittiin jiraatu yeroo gannaa keessa yeroo itti waan qaban hunda nyaatanii fixaniidha yeroo kana keessa haalli beelaa ulfaataadha ganna bacaqii ta'uu isaallee nii ibsa

*Amma yeroon halkan keessaa gara sa'a 9tti deemeera.ammayyuu harmeen iftiyoom*
*Hin galle.boo'ichiifi wawwaannaan naannoo laga xichootti dhaga'amaa jiru UU'UU'*
*UUU'jechaa iyyi ammayyu dabaleera. Oftiyoomiif obboloonni isaa dura asiif achi*
*Dhoqqee keessa gangalatanii boo'anii iyyaan mankaraaranis namoonni olla isaanii obbo*
*Shaaroos ta'ee namni biraa namni tokko dhufee gaafatu hin jiru fuula…..*

Kan keessatti immoo harmeen iftiyoomfaa yeroo hundumaa baadiyyaas ta'u magaalaa hundumaa keessa joortee ijoollee ishee guddifti.guyyaa tokko garuu utuu karaa deemtu aduun itti dukkanaa'e sababa kanaaf jettee dhadhabdee waan jirtuuf suuta jettee gala jirti garuu ammo bokkaan immooo garmalee waan roobaa jiruuf ijoolleen ishee yaadda'anii boo'aa jiru. Utuu ishee eegaa jiranii halkan sa'aatii 9ta;ee jira. Isheen garuu ammayyuu hin galle. Taatee yeroo kanaa ammas irra deebinee yoo ilaallu waqtiin isaa ganna ta'uu issati akkasuma yeroo ijoolleen kun ta;anii gaddan halkan keessaa gara sa'atii 9 ta;eerra kunis kan ibsu yoomessa yeroo kan ibsu keessaa isa tokko ta'ee ilaalama. Yoomessi yeroo ammoo barreessaan yammuu barreessu karaalee adda addaatti fayyadamee waan baayee ittiin ibsa. Kunis dubbisaan akka miira keessa taa'ee asoosama qayyabatu godha. Kana malees ammoo dubbisaan asoosama ilalee waa irraa baruu dannda'u taasisa keessumattuu yeroo ammaa keessatti guddina aartii keessatti gahee olaanaa qaba.

*Amma sa'atiin galgala keessaa sa'a sadiif walakkaa ta'ee jira.jarris ol seenanii*
*Bakki laatameefii taa'uutti jiru.kanaaf amma daamuun icciticha waan beektuuf*
*Bay'ee naateetti.iftiyoom garuu jarattiin ol seentee maal akka ta'an firamoo*
*Alagaa akka ta'an tokkollee homaa hin beeku.jarris iftiyoom waan sirriitti hin beekiniif*

*Garuu isuma ta'uu hin oolu jechuudhaan amma shakkiidhaan dha'uudhaaf harki*
*Isaanii rom'uutti jira ( fuula101 keeyyata 4faa)* .

Iftiyoom jaalala daamuun mo'atamee waan jiruuf guyyaa tokkotti osoo waa'ee ishee hin yaadin oolee hin beeku.gaaf tokko akka carraa mooraa daamuun kireeffattee teessu seenee utuu isheen milla dhiqattuu duuba isheetiin qabee rifaasise.isheenis argite kottukaa haa seennu jettee hiriyaan daamuus dhubunagaa seenaa jettee ol isaan sensifte yeroon isaas galgala keessaa sa'a sadiif walakkaa ture. Barreeffama kana irraa kan hubannu yeroo taatee kun itti ta'e ykn yeroo guddataan dhufee mooraa seene sa'atii sadiif walakkaa ta'uu isaati kana keessatti ammo kan hubannu argama taatee sana nutti hima.

### 3.2.3.Yoomessa haala jireenya hawaasaa

Yoomessi haala jireenya hawaasaan kan mul'dhata.kan nam fakkiilee asoosama tokkoo keessatti qooda fudhataan gahee akkamii qabu nii gammadumoo nii gaddu kan jedhu yoomessa haala hawaasaatiin kan ibsaniidha.asoosama dheeraa iyyaaf iyyata jedhu keessatti yoomessi haaala jireenyaa hawaasaan kan mul'ate namfakkii as keessatti hirmaatan gaariin miira gaddaa gaariitiin akkasumas miira gammachuutiin kan argamaniidha.haala jireenya namfakkii asoosama kana keessatti hedduun kan gaddaniifi jireenyi kan itti hin tolle gammachuun namfakkii kanneen irraa gochaanis ta'e gochaan kan hin mul'anneedha

*Obbo soormmaan labsii cimaa waan labsaniif namoonni kun galgala man adde*
*Kennaati.jedhanii dafqa isaani xuruurfatanii lafa awwaalcha waldaa warra*
*Wangeelaa makaana yesuusitti boolla itti reeffi awwaalamu gadi fageessanii*
*Qotuun qopheessuutti jiru.kan lubbuudhaan jiranii wal hin jaallanne gaafa*
*Gaafa jireenya dachee kanaa gad dhiisee godaanu hunduu wal afarsuu fi*
*Wal faarsuun karaa walitti cufa.tokko tokkotokko tokko garaan isaa akka cabbii*
*Addaata. Tokkommoo garaan isaa akka siicoo araqeeti.numa kanatu bubburreedha.*
*Numatu buburratee jireenya walii buburreesse. Uummanni Aanaa bonayyaa boshes*
*Gamaafi gamanaa gaaraa godaa walitti labsuudhaan wal waamanii,magaalaa billoo*
*Keessa garee gareedhaan dacha'anii simannaaf reeffa eeguutti jiru.*
*Fuula( 183 heeyyata 3.4.5)*

Hawaasni naannoo tokko keessa jiraatu akkuma yeroo gadda walii wajjin jiraatu akkasuma Yeroo kaanis illee kan waliin jiraatu kanaafuu hawaasni gahee guddaa waliif qaba.asoosama kan keessatti immoo gaheen hawaasaa guddaadha yammuu haati kennaa mana hospitaalaa deemtetti olloonni isanii kan gaddanii rakkatu kaan isaanii immoo kaan isaanii immoo nii gammadu akka isheen magaalaa fifinneetii hospitaalaatii yammuu dhuftu uummanni magaalaa magaalaa billoo gaddanii karaatti bahanii iyyu inni kaan kaan immoo hin duute jedhanii waldaa makaanaa yasuus biraa boolla qotu. Kun ammo wal gargaarsa hawaa nuuf hima

### 3.2.4 Gochoota yoomessa asoosama Iyyaaf iyyata keessatti mul'atan

gochoonni asoosama tokkoo yammuu barreeffaman akkasumatti barreeffama osoo hin taane kan ergaa mataa isaa qabuufi akkasuma illee kan nama barsisiidha. Name asoosama tokko dubbisu ofii isaa irratti gochi asoosamaa keessaa hojii irra oola.asoosama iyyaaf iyyata keessa wanti nama gaddisiisu hedduun isaas jira gochoonni asoosama kana keessa jiran gaddaaf gammachuu akkasuma bakki itti iyyi guddaan ta'e nii jira.mee itti fufnee haa ilaallu

*abbashuun ija diimaffatee itti babaasa har'a inuma sii dhumte.warrikee reeffa kee*
*mitiitii lafeema keeyyuu argatanii akka sin awwaalletti siif hojjenna.*
*Jedhe borjoon ulee harka lachaniinol fuudhee sammuu isaatti gad dhiise*
*Iftiyoom sammuu isaa irraa bahee saggoo isaa irra waan bu'eef harki isaa*
*Inni kraa mirgaa secoondii keessatti hojiin ala ta.e amma dandeessu yaa lukakoo*
*Du'a jalaa na baasi harka gadheetti nah in ajjeessinii jedhee fiiguuf yoo yaalu*
*Daandii konkolaataa gubbaatti si'a 2ffaa dhahanii kuffisanii cirrachaan makan*
*( Fuula 105keeyyata 2ffaa)*

Sababa isaan rukutaniif namoonni naannoo sanaa akkasuma daamuun jaalalleen isaa boossee fala fidde gadda guddaatu itti dhaga.ame innis baayyee gadde sababni inni gadduuf waan amma rukutamuuf qofa osoo hin taane sababa abbaan isaa mana hidhaa deeme inni immoo jireenya hiyyumaaatti waan guddateef walitti qabee isa duraarra aare as keesssatti miirri aariin asoosama kana keessatti argameera jechuu dandeenya.

*Maalif gadda teessu anoo jiraa*

*Maal wal iyyaafattu an fayyaadha*

*Gooftaan na gargaaree jiraadheera*

*Kan jedhu sagalee guddiftuudhaan konkolaataa irraa faarfachiisaa dhufe*

*Aanaa bonayyaa boshee magaalaa billoo seenan gamoo naggasaa mokonnon*

*Mana baankii hojii gamtaa oromiyaa duratti konkolaataan uummataan marfame.*

*( Fuula 184 fuula5 6)*

.as keesssatti immoo hundumtuu aadde kennaadhaan isheen waan galtu miti jedhanii karaa walakkaatti bahanii eegaa jiru konkolaataa fuullee sana turte yammuu ilaalalan ampulaansi gaddaa se’ee hundumtuu gadoodee iyyuutti ka’e garuu isaan konkolaataa gammachuutiin haala itti name eegaa ture osoo hin taane haala gaariitiin manatti deebi’anii yammuu galan wanti kun isaanittis gaaffii ta’e miira gaddaafi gammachuutu wal make kanaafuu as keessatti kan nuti arginu gochaa adda ta’e akka raawwatame ibsa

### 3.4. Faayidaa yomessi dubbisaaf qabu

Yooomessi faayidaalee hedduu qaba.faayidaaleen isaa hundinuu asoosama tookko keessatti mullachuu dhiisuu danda,akkasumas asoosamoota garaa garaa ta’uutu mala.akka kuweerii fi gorden (1999 45_47) ibsanitti yoomessi seenaa tokko dhiibbaa uunuun gochii sun fuulduratti deemuu seenaa saniitiif gumaacha akka qabatu godha.fakkaattii addaan baafachuuf nii fayyada.kun immoo kan ta’u fakkaattonni asoosama tokkoo keessa jiran iddoo addaa addaa baafachuufis gaarii ta;a.haalli xiinsammuu,aadaa,dinagdee,gaheen hawaasa keessatti qaban yoomessa irraa hubachuu waan dandeenyuuf faayidaa yoomessaa akka armaan gadiitti ilaalla.

.

Akka goordaniifi kuwer (1999:91)ibsanitti Setting is so important that same raders base their literary like and dis likes largely on the en the viroment in a work. yoomessi dubbistoota keenyaa akka harkifnu nu gargaara.kana jechuun iddoo bakka asoosama keessatti kaafamu dubbistoonni dubbisaa san dubbisaa gochuu isaaniiti.as keessatti faayidaa asoosamni qorataa kanaaf qabu bakka,yeroo,haala hawaasa waliin wal qabsiisee asoosamicha haala gaariin akka hubannuuf nu gargaara.yoomessi qorataan kun yeoof gocha addunyaa dhugaa keessatti raawwate waliin wal madaalchise keessatti akka ilaalluuf nu gargaara.bakkaaf yeoon wal qabatee maaltu itti aanee akka dhufu fi fedhii dubbisaa keessatti baayinaan kaka,umsa keessati uuma.

# BOQONNAA ARUR CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

## 4.1 Cunfaa

Boqonnaa kana jalatti kaayyoowwan qabiyyee boqonnaa Sadaffaa jalatti cuunfamanii kan dhiyaataniidha. kanaaf qorataan qorannoo kana yoomessa asoosama dheeraa Iyyaaf iyyata keessatti argamu qacceesseera. Asoosamni dheeraa iyyaaf iyyata Argonnoonnoowwan asoosamicha bakka,yeroo akkasumas haala hawaasa inni keessatti rawwate fi faayidaa yoomessi asoosamicha keessatti qabu gadii fageenyaan qacceessuun ibse jira. Kana galmaan gahuuf mala qorannoo akkamtaatti dhimma baheera. Bakki fi yeroon seenaa asoosamucha keessatti rawwatame haala teessuma lafa fi haala qillensa yoomessa asoosamicha keessatti waan hin hammatamneef barreessan kitaaba kanaa yeroo maxxansaa lammaffaa duubistootaf dhiyeessuu utuu kana keessatti hirmaachisee kitaabni kun midhagina qabachuu fi dubbistoota haawwachuu danda'a.

## 4.2 Argannoo

Haalumaa qacceessa geggeeffameettin taateewwan seenaa asoosamicha bakkeewwan akkam akkamii keessatti akka rawwatamanii fi yeroon itti rawwataman bira gahaamanii jiru. akkasumaas seenaa asoosamicha haala jiruuf jireenya hawaasa akkamii keessatti akka rawwatamanii fi faayidaa yoomessi asoosamichaaf qabu adda baafameera.

## 4.3 Yaboo

Akka yaada qorataa qorannoo keessatti:

- ❖ Barreessan asoosama tokko yeroo barreessuu akkataa yoomeessi itti mul'atuu hundaa utuu hin hambisin utuu faayadaamee caalmaatti gaarii ta'a.
- ❖ Asoosama yeroo baarreessuu baarreessan yoomessa gochoonni keesatti raawwatamaan fi yoomeessa taatoonni keessa jiraatan utuu addaa baasee haala salphaan duubbistoonni duubbisaani hubbatanitti utuu qopha'eera ta'ee irraa caalaatti miidhagiinaaf fudhatamummaa asoosamichaaf gahee gudda qabachuu danda'a.

Wabiilee


Asaffaa Tafarraa. (2009). *Eelaa.Seenaa ogbarruu Oromoo* Finfinnee:Far-east trading  pLC.

Fedhasaa Taaddasaa.(2013). *Suubii.Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*.Finfinnee:Subi Fedhasaa2013 Fedhasaa Taddaasa.(2013).**Subii**: Yandoo bu'uuraalee Ogbarruu.Finfinnee.Subi Printing Presss

Geetachoo Rabbiirra.(2005).*Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee:Corraz Iternatiinal

Misgaanuu Gulummaa.(2012). **Yandoo:**Ogummaafi Ogwalaloo Oromoo.Finfinnee,Oromiyaaa

Wasanee Bashaa (200).Bu'uuraalee qorannoo Addia ababa. Bole

Oliyaad wakgaarii.( 2014)Asoosama dheeraa iyyaaf iyyata.finfinnee